



Seensa

Intarneetiin feministii dubartootaa aangomsuu barbaada. Kanaanis heddummina keenya qabannee mirga keenya fayyadamaa, gammachuun hirmaachaa, sirna olaantummaa dhiiraa diiguu barbaanna. Heddummini kun umrii, qaama miidhamuu, eenyummaa saalaafi koorniyaa, haala hawaas-diinagdee, siyaasa, amantii, sabummaa, agarsiistuu sanyii faa dabalata. Qajeelfamoonni armaan gadii intarneetii feministii mirkaneessuuf dhimmoota ijoo dha.

Carraa

1. Carraa intarneetii argachuu

Intarneetiin feministii dubartoonni interneetii fudhatama qabu, humna kan tilmaame, haal duree kan hin qabne, ifaa, hiika qabeessaa fi wal qixa ta'e akka argatan gochuurraa jalqaba.

2. Carraa odeeffannoo argachuu0

Dubartoonni odeeffannoo hin daangefamne akka argatan ni deeggarra,ni tiksinas. Keesumaa immoo odeeffannoo dhimma saalaafi fayyaa,mirga wal-hormaataa, gammachuu saal quunnantiirraa argamu,ulfa baasuu nagaa qabeessa tahe fi haqa argachuu ni deeggarra. Kunis afaan,dandeettii,fedhiii fi haala adda addaa ni dabalata.

3. Fayyadama tekinoloojii

Dubartoonnii mirga kood gochuu,dizaayinii,ICT sirnaan fayyadamuufi tekinoloojii wal-tajjii kalaqaafi ittiin of ibsan gochuuf mirga qabu. Akkasumaa saalaan qooduufi looguus teknoloojii kanaan morkachuu qabu.



Sosochiwwanii fi Hirmmaannaa Uummataa

4.Diddaa

Intarneetiin wal-tajjii safuun hawaasaa irratti mari'atamu,agarsiifamuu fi namarratti fe'amu dha. Kunimmoo sirna olaantummaa dhiiraa lellisurraa citee hafuun kan itti fufe dha. Qabsoon feministii kunis qaama diddaa addabaabaayii,dhuunfaatti ykn kanneen lameen gidduutti taasifamu dabalata.

4. Warraaqsa ijaaruu

Intarneetiin wal-tajjii jijjiiramni irratti dhufuu danda'u dha. Firooma bifa haaraa qabu kan namoonni eenyummaa saalaa fi koorniyaa isaanii irratti gaafatan,ijaaraniifi ibsatani dha. Kunis namootaa waliin daangaa malee hariirroo uumuu,itti gaafatamummaafi iftoomina gaafachuu fi warraaqsa feministii waaraa taheef carraa uumuu dha.

6. Bulchiinsa intarneetii

Sirna olaantummaa dhiiraa hojimaata fi sochii intarneetii to'atu morkachuu fi feministootaa murtoo kennuurratti kaa'uu barbaanna. Imaammata intarneetii irratti dhiibbaa taasisuun dimookiraatessuufi abbummaafi aangoo maarsaa addunyaatt fi naannootti qooduu feena.

Dinadgee

7. Filannoo sirna diinagdee

Sirna diinagdee kaapitaalizimii teeknolojii abbummaa fi to'annoo dhuunfaatti dhiibuu gaafaachuuf of kennineerra. Sirna aangoo diinagdee filannoo biraa fiduuf ni hojjenna,kunimmoo qajeelfama waliin hojjechuu,wal-tumsuu,naannoo kunuunsuu fi iftooma irratti kan hundaa'e taha.

8. Madda bilisaafi ifaa tahe

Kalaqaafi yaaalii teekniinolojii irratti kutannoon hojjenna. Kunis nageenya diijitaalaa,sooftweerii madda bilisaa fi ifa tahe, waltajjii fi tooftaalee fayyadamna. Beekumsa dhimma sooftweerii madda odeeffannoo bilisaa fi ifaa(FLOSS) beeksisuu,raabsuufi qooduun wiirtuu hojii keenyaati.



9. Himama feministii jabeessuu

Intarneetii himamaafi muuxannoo jireenyaa dubartootaa jabeessuuf itti fayyadamna. Mootummaa, amantiifi qaamolee biroo gaariifi hamaa dubbii tokkoo qofumaan dhuunfatan irratti diddaa agarsiisuun ni barbaachisa. Sababiinsaa immoo kunneen sagalee feministii waan ukkaamsaniifi warreen mirga namoomaaf falman waan ari'ataniifi.

10. Bilisummaa ibsannoo

Namoonni eenyummaa saala isaanii akkuma namoonni amantiifi ilaalcha siyaasaa isaanii akka ibsatan ni deeggarra. Qaamolee mootummaas tahe kan mootummaa hin tahiin ibsannoowwan kunneen to'achuuf, hordofuufiqajeelchuuf sochii isaan gama teeknolojiin fi seeraan taasisan ni mormina. Nuti kana akka kaayyoo siyaasaa bal'aa lamummaafi mirga to'atuuttii ilaalla.

11. Viidiyoo saal-quunnamtii(pornography) fi qabiyyee miidhaa qaban

Viidiyoon saal-quunnamtii eeyyama kennuu, ofiin waa raawwachuu, aangoofi hojii waliin akka wal qabatu ni amanna. Dhimma viidiyoo saal-quunnamtiitti fayyadamuufi haleellaa saalaa dubartoota irratti gahu salphisani ilaalluu garuu hin fudhannu. Jecha 'qabiyyee miidhaa qabu' jedhu dubartootaafi namoota saal isaanii geeddaran ibsuuf fayyadaman hin fudhannu. Qabiyyee fedhii saalaa dubartootaa wiirtuu godhate jajjabeessina.

Murtii kennu

12. Eeyyama kennuu

Haayaatniifi siyaasni eeyyama kennuu aadaa, imaammataafi tajaajila intarneetii keessatti akka hammatamu ni gaafanna. Aangoon murtii kennuu dubartootaa murtoo odeeffannoon deeggarama isaan addabaabaayittiis tahe dhuunfaatti qooduu barbaadan irratti hundaa'a.

13. Dhimma dhuunfaa fi odeeffaannoo

Mirga dhuunfaa fi odeeffannoo dhuunfaa onlaayinii to'achuu sadarkaa kamirratti jiru ni deeggarra. Dhaaboti mootummaafi dhuunfaa daataa/odeeffannoo sochii yookiin amala onlaayinaa to'achuuf taasisan hin fudhannu. To'annoo fi hordoffiin meeshaa sirni olaantummaa dhiiraa qaama, haasaafi gaaffii dubartootaa ukkaamsauuf itti fayyadame dha. Dhimmi kun namoota dhuunfaafi qaamota mootummaan hin taaneen yeroo raawwatamullee ni mormina.



14. Yaadannoo

Seenaafi yaadannoo dhuunfaa to'achuuf fi fayyadamuu irratti mirga guutuu qabna. Kunis onlaayiniirratti odeeffannoo dhuunfaa to'achuufi argachuu, eenyu akka odeeffannoo kana to'atu baruufi barabaraan haquu dabalata.

15. of beeksisuu dhiisuu

Intarneetii irratti of beeksisuu dhiisuu daangessuuf sababa kennamu hunda ni mormina. Of beeksisuu dhiisuun bilisaan akka of ibsinuu carraa nuu kenna, keesumaa loogii eenyummaa saalaa ittisuuf barbaachisaa dha.

16. Ijoolleefi dargaggoota

Dhimma nageenya onlaayinii, icciitiifi carraa odeeffannoo argachuu keessatti sagalee fi muuxannoon dargaggoofi ijoollee dabalamu ni gaafanna. Ijoolleen mirga fayyaa xiisammuu fi saalaan akka guddatan beekamtii ni kennina. Kunis mirga dhuunfaa ykn iccitii, dhimma saalaa, koorniyaa fi eenyummaa saalaa irratti odeeffannoo sirrii argachuu ni dabalata.

17. Haleellaa onlaayinaa

Qaamota intarneetii irratti gahee qaban, fayyadamtoota, warra immaammata baasaniifi seektara dhuunfaa, qoccolloo onlaayinaa fi haleellaa teeknolojii waliin wal-qabatu akka furan gaafanna. Haleellaa, doorsisaafi to'annoo dubartootaa irratti gahu qabatamaafi kan rifaatuu uumu dha. Hundi keenyi qaama haleellaa saalaa bal'aa tahe kanaa ijaa taaneef dhimma kanarratti itti gaafatamummaa fudhachuu fi furuun gahee hunda keenyaati.